# Qindeessama Dhaabbilee Nageenya Ijoollee fi Lelleceef (Child and Youth Safe Organisations) qophoftee?

**Qindeessama Dhaabbilee Nageenyaa Ijoollee fi Lellecceef (Child and Youth Safe Organisations Framework) (Qindeessami) maali?**

- Dhaabni kee ijoollee fi lelleccee (young people) ni hirmaachisa yoo tahe, bara 2024 irraa eegalee Qindeessama Dhaabbilee Nageenya Ijoollee fi Lellecceef (Child and Youth Safe Organisations Framework) ajajamuu seerri ni gaafata.

- Seerri haarayaan kunneen kan barbaachisaniif naannoo dhaabaatti nageenya ijoollee fi lelleccee eeguuf.

- Godinaalee Australia kaan keessattis kan mirga ijoollee fi lelleccee tiksuu irratti dandeettii dhaabotaa jabeessu seerrii fakkaattiin (similar legal) argamaa jira.

**Qindeessamni kun eenyuun ilaala?**

- Dhaabota keessattuu ijoolleef tajaajila kennan, ykn bakkoota keessattuu eegumsaa isaanii jalatti ijoollotni dhimma itti bahuuf qopheessame.

- Dhaabota takka takka kan seera Kanaaf buluu qaban kan inni dabalu:
    - tajaajila oolmaa ijoollee fi eegumsa daaímmanii (babysitting).
    - Kilabootaa fi waldaalee kan miseensummaadhaan itti hirmaatamu, ykn ijoollee qooda fudhachiisu
    - gartuu amantii (faith) ykn dhaabota amantaa (religious) kan namoota gudgudaa taatota (activities) ykn tajaajila irratti ijoollee waliin wal isaan agarsiisu.

**Maal godhuun qaba?**

- Qindeessamni kun Sadarkaa Eegamuu qabu kan Nageenya Ijoollee fi Lelleccee (Child and Youth Safe Standards,) fi Akkaataa Amaloota Gabaasamuu Qabanii (Reportable Conduct Scheme) lameen isaa dabalatee jira.

- Sadarkaan Eegamuu qabu kan Nageenya Ijoollee fi Lelleccee kaayyoo ittiin gaggeessamu 10 kan dhaabotni yeroo ijoollee fi lelleccee waliin dalagan dirqiitti hojii irra oolchuu qabanii dha. Sadarkaa Eegamuu qabu kan Nageenya Ijoollee fi Lelleccee kana dhaabotni hojii irra oolchuudhaan, akkasumas Eegganoo Kaayyoo Aadeffata Waliigalaa Aboriginal (Universal Principle for Aboriginal Cultural Safety) yaadaa qabaatuun dirqama.

- Akkaataan Amaloota Gabaasamuu Qabanii kun haaraya, kan gaggeessitootni dhaabotaa hojjetoota ijoollee irratti miidhaa dhaqabsiisan gabaasuu fi qoratuuf dirqama itti qabanii dha.

- Dhaabotni Qindeessama (Framework) kanaaf abboomamuu qaban kanneen kana dura seera kana fakkaatu hordofaa turanis dirqama seeraa haaraya isaan irraa eegamu kana bahuuf gargaarsa ni argatu.

## Sadarkaa Eegamuu qabu kan Nageenya Ijoollee fi Lelleccee (Child and Youth Safe Standards)

Dhaabotni bakka jiranitti Sadarkaa Eegamuu qabu kan Nageenya Ijoollee fi Lelleccee (Child and Youth Safe Standards) kaayyoo ittiin gaggeessamu 10 kan aadaa nageenyaa fi nagahooma ijoollee tahee dagaagsamuu qabu tarreessee jira.

Sadarkaan Eegamuu qabu kan Nageenya Ijoollee fi Lelleccee kun kan qopheessameef:

- nageenyaa fi nagahooma ijoollee fi lelleccee babalísuuf
- ijoollee fi lelleccee irra miidhaa (abuse) miidhamni (harm) akka hin dhaqabne dhorkuuf
- ulaagaa dhaabotni dalagaan isaanii ijoollee fi lelleccee hirmaachisu waan isaan irraa barbaachisu guutuu akka dandaán tolchuuf
- Dhaabotni dalagaan isaanii ijoollee fi lelleccee hirmaachisu hojii isaanii guyya-guyyaa keessatti tarsimoo kana dhugoomsuuf hojii irra oolchuu akka dandaániif

Sadarkaa Eegamuu qabu 10 kana hunda hojii irra oolchuudhaan, dhaabotni akkasumas Eeggannoo Kaayyoo Aadeffata Waliigalaa Aboriginal (Universal Principle for Aboriginal Cultural Safety) yaadaa qabaatuun dirqama.

Kaayyoon Waliigalaa (Universal Principle) kan jedhu dhaabotni haala itti Eeggannoon Aadeffata Aboriginal ykn Torres Strait Islander (Cultural Safety of Aboriginal or Torres Strait Islander) kabjaan ijoollee isaanittin malu eegamu dhugoomsuun dirqama tahuu hima.

Sadarkaan Eegamuu qabu 10:

**Sadarkaa Eegamu 1:** Nageenyi fi nagahoomni ijoollee hogganummaa, bulchiinsaa fi aadaa dhaabaa kan hirfmaachisu taha.

**Sadarkaa Eegamu 2:** Ijoollotni fi lallecceen waa'een mirga isaanii itti himamuun, waan isaan miidhu irratti murtii kennatuu dandaúu isaanii fi kunis seerri ilaalcha guddaa kan itti kennu taha.

**Sadarkaa Eegamu 3:** Maatii fi hawaasni nageenyaa fi nagahooma ijoollee babalísuu keessatti quba ni qabaachisaman, ni hirmaachisamanis.

**Sadarkaa Eegamu 4:** Wal-qixxati (equity) akkaataa itti jajjabeessamuu fi akkaataa barbaachisummaa isaatti imaammataa fi dalagaa keessatti mulátu taasisama.

**Sadarkaa Eegamu 5:** Namootni ijoollee waliin dalagan kanneen godhchaa fi hojii isaanii keessatti nageenyaa fi nagahooma ijoollee tumsuuf gahoo tahan dha.

**Sadarkaa Eegamu 6:** Akkaataan itti komii fi yaaddoo jirutti deebiin kennamu caalaatti ijoolleef kan xiyyeefate taha.

**Sadarkaa Eegamu 7:** Hojjetootni fi tola-ooltotni barmootaa fi leenjii walitti fufiinsaan kennamuutiin nageenya ijoollee fi lelleccee eeguuf beekumsa, dandeettii fi hubannoo akka horatan taasisama.

**Sadarkaa Eegamu 8:** Haalli fuulaa fi fuulaa fi toora interneetaa (online) akkaataa itti nageenyaa fi nagahooma ijoollee tiksu tahe sanuma faanas haala itti miidhaan ijoollee fi lelleccee mudatuu malus kan xiqqeessu taha.

**Sadarkaa Eegamu 9:** Akkaataan itti Sadarkaan Eeggamuu qabu kan Nageenya Ijoollee kun hojii irra oolchamu yero yerootti keessa deebiámee ilaalama, wayyeessama.

**Sadarkaa Eegamu 10:** Dhaabni hangam ijoollee fi lellecceef nageenya akka qabu imaammatni fi tartiibni jiru ni galmeessa.

Sadarkaan Eegamuu qabu kan Nageenya Ijoollee fi Lelleccee Akkaataa Amaloota Gabaasamuu Qabanii (Reportable Conduct Scheme) kan Qindeessama Dhaabbilee Nageenya Ijoollee fi Lellecceef (Child and Youth Safe Organisations Framework) waliin wal fudhatuu dha.

# Akkaataa Amaloota Gabaasamuu Qabanii

Akkaataan Amaloota Gabaasamuu Qabanii dhaabotni dalagaan isaanii ijoollee fi lelleccee hirmaachisu nagahooma isaanii tiksuu irratti kan iftooma (transparent) tahe, nageenya isaanii tiksuu fi kara ijoollee wiirteffate (child-centred) taha.

Qorannoon barbaachisu akkaataan itti gaggeessamu, dhimma kana hojii irra oolchuu irrattis kan dandeettii fi of irratti amantii dhaabotaa jabeessuu irratti hojjatu Seer-Sirneessa Walaba tahaniin (Independent Regulator) kan tiksamu taha.

Kunis kan tahu addatti hogganoota dhaabbilee irraa kan eegamu:

- miidhaa ijoollee waan ilaalu kan hojjetaa isaanii raawwatame ilaalchisee yaaddoo jiru dhaabni gara Seer-Sirneessa Walaba (the Independent Regulator), gabaasuu
- yaaddoo kanas qoratuu.

‘Hojjetaa’ jechuun keenya tola-ooltotas jechuun keenya.

Amalootni gabaasamuu qaban kan inni dabalu:

- Miidhaa cimaa kan qalbii (emotional) ykn miraa (psychological)
- Daguu akka malee (significant neglect)
- Dhaaninsa qaamaa (physical violence)
- Roorrisa saalummaa (sexual offence)
- Amala badaa saalummaa (sexual misconduct)
- Hooqsuu (grooming)
- Yakkoota kanaan wal qabatan kan akka miidhaa ijoollee irra geessisamuu fi qama hormaataa dhalaa muruu ykn dhaqna qabuu waan ilaalu.

Akkaataa Amaloota Gabaasamuu Qabanii kun akkamiin hojii irra akka oolu:

- Guyyoota dalagaa (hojii) sadii keessatti: Hoganootni amala gabaasamuu qabu gara Seer-Sirneessa Walabaatti (Independent Regulator) barruudhaan gabaasuu qabu. Kan isaan balínaan ibsuu qaban kan akka:
    - maqaa hojjetaa fi, yoo kan beekamu tahe bara dhalootaas
    - amala gabaasamuu qaba jedhame maal akka tahe, ykn waan hojjetaatti yakka tahee gabaasamuuf qabamee jiru

    - yoo amalli gabaasamuu qaba jedhame yakka tahuutti shakkamee, Police Tasmania quba qabaachisame tahe ibsuu
    - maqaa, teessoo (address), fi bilbila dhaabaa
    - maqaa hoogganaa dhaabaa.
- **Daddaaffiidhaan:** Hoganootni qorannoo jalqabuu qaban (ykn seer-sirneessi walabni (independent investigator) akka qoratan taasisuu).
- **Guyyoota 30 keessatti:** Hoganootni odeeffannoo guutuu, kanneen kanaa gadii dabalee, gara Seer-Sirneessa Walabaatti dhiheessuu qaban:
    - odeeffannoo akka yakkaatti himatame (allegation) ykn yakkatti beekame (conviction)
    - tarkaanfiin fudhatame yoo jiraate (fakkeenyaaf, yeroodhaaf hojjetaan akka ijoollee bira hin geenye dhorkuu)
    - waan barruudhaan dhihaate kan biroon yoo jiraate.
- **Dhuma qorannoo irratti:** Hoganootni odeeffannoo itti aanu kana gara Seer-Sirneessa Walabaa (Independent Regulator) dhiheessuu qaban:
    - waan qoratamee bira gahame
    - qorannoo Kanaaf sababaoota kan tahan
    - sababa kanaafis tarkaanfii fudahtame balínaan ibsuu.

Qorannoon kun akkuma amaloota badaa bakka dalagaatti qoratamuu dandaán kaan waliin wal fakkaatuu dandaá.

Gaaffii yoo qabaatte as ilaali, https://www.justice.tas.gov.au/carcru/framework

## Jechoota Furtuu (Key terms):

**Hogganaa dhaabaa** – Hogganaan dhaabaa nama dhimma dhaabichaa ilaalchisee murteessuuf gaafatama itti qabuu fi itti mataa tahee dha. Kunis qondaala ol-aanaa (CEO), qondaala itti mataa (kun kan daldala qabu ykn daldala hirmaatee dalagu) ykn dhaabbilee seeraan mirkaneessametti mataa kan tahe dabalauu dandaá.

**Dhaaba** – Dhaabba kan kampanii, dhaabbata (institution) ykn waldaa (association) akka mar-sariitee ) Qindeessama Dhaabbilee Nageenya Ijoollee fi Lellecceef (Child and Youth Safe Organisations Framework) irratti tarreessame tahuu dandaá.

**Seerri kan gaafatu** – Dirqama seeraa dhaabbileen ittiin ajajamuu qaban.

**Ijoollee** – kanneen umriin isaanii 18 gadi tahan.

**Lelleccee (Young people)** – kanneen umriin isaanii 16 ol garuu ammoo 18 tahanii dha.

**Amaloota gabaasamuu qaban** – Amalli miidhaa ijoollee (child abuse) kan hojjetaa dhaabaatiin raawatamu akka mar-sariitee (website) Qindeessama Dhaabbilee Nageenya Ijoollee fi Lellecceef (Child and Youth Safe Organisations Framework) irratti tarreessametti.